FAYYAA DHAAN JIRAACHUU KANADAA KEEYSATTI:

WAAN MARTINU BEEKU QABU

Beeyte....

- Kanada keeysatti sa'aa lama-lamatti akka namni tokko HIV dhaan qabamu jiru.
- Kanadaa keeysatti namoota HIV qaban sadii keeysaa, tookkoon isaanii akka HIV qaban if irrati hin beekan.
- Dhibeen HIV ummataa fi aadaa, shanyii, amantii fii gita kamiyyuu ni huba.

Nu hundinuu waa'ee HIV beekuutu nu barbaachisa.

HIV/AIDS Maali?

HIV'n vaayrasa dhibee AIDS uumu. HIV'n dandeeyti qaamni namaa dhukkuba ifirraa ittisuu dhaaf qabu dadhabsiisa. Dhibeen AIDS sadarkaa irraa maayyii illaa vaayrasa HIVti. Kanadaa keeysatti namoonni HIV/AIDS qaban umriin isaanii akka dheerattuuf qorichan gargaarantu jira. Namoonni AIDS qaban, dhukkubsataniiti boodarratiis du'an. Wallansi dhibee AIDS hin jiru.

Akkamitti ummanni Kanada keeysatti dhibee HIV/AIDS'n Qabaman?

- Nama vaayrasa HIV qabu wajjiin karaa fi karaan maletti,dhiira yokaniis dubartii wajjiin rafuu
- Marfee/ lilmee diraaga ittiin diratan wajjiin itti fayyadamuu.
- Mi'a gurra ittiin uratan yokaaniis coraa ittiin tumatan, lilmeelee wallansaaf qamatti sussuqatan waliin itti fayyadamuu.
- Haati HIV qabdu, yaroo garaa qabdu, yaroo deeysu fi luuysiftu/hoosiftu HIV ilmoo isiitti dabarsuu ni dandeeysi. Kanadaa keeysatti dubartiin HIV qabdu, hiree vaayrasa HIV ilmo isiitti dabarsuu dhaa xiqqeeysuuf wallaansa tolaa arkachuu dandeeysi.

Ummanni dhibe HIV if irraa dhoorkuu dhaaf:

- Yaroo wajjiin rafan hundaa koondoomatti sirnaan fayyadamuu.
- Lilmee yokaan mi'a coraa ittiin uratan walii itti fayyadamuu dhabuu.

Odeessa caalaatti arkachuu dhaaf kanneen garjaletti barreeyfaman qunnami:
Winnipeg Keeysatti: Bilbila Odeessi AIDS/STI 945-2437 bilbili yokaniis www.serc.mb.ca daawwadhu.
Barandon keeysatti: Bilbila Odeessi AIDS/STI 1-800-782-2437 bilbili yokaniis emaili kanaan qunnami. sti@brandonrha.mb.ca

Ati yokaan namni ati beeytu tokko HIV yokaan AIDS ni qabaa?
Odeeyfannoo, wallaansaa fi gargaarsaaf bibiluu dandeeysa. **Winnipeg Keeysatti lakkoofsa 940-6001** Winnipeg'n ala lakkooysa **1-888-305-8647** bilbiluu dandeeysa.

BILBILAA FII DAAWWIIN (VISIT) KEEYSAN TOLA, ODESSI SI QOFAA FII ICCITII DHAASI.

Nu hundinuu waa'ee HIV/AIDS beekuutu nu barbaachisa.

Produced, developed, and translated by the Improving Access Project, Sexuality Education Resource Centre and Nine Circles Community Health Centre, 2009.
Revised with the permission of the AIDS Committee of Toronto (ACT).
Funded by AIDS Community Action Program, Public Health Agency of Canada. The views expressed herein do not necessarily represent the views of the Public Health Agency of Canada.

OROMO